



## Eegala Barnoota Ijoollummaa fi Tajaajila Kunuunsa ijoollee keessan Itti Madaqsuu gargaaruu

OROMO

Haala gaariidhaan barnoota eegala ijoollummaa jalqabuun barbaachisaa dha. Ati fi maatiin kee simatamauun, nagaa itti qabaatuu fi gargaaramuuun barbaachisaa dha. Mucaan kee guyyaa jalqabaa ijoollee kaan waliin wal bara, barsiisota, barnoota irratti kan gargaaran fi kanneen eegala guddina ijoollummaa irratti hojjetan waliin wal arga, walitti siveenya ummata.

Eegalli Barnoota Ijoollummaa fi Tajaajilli Kunuunsa Victoria keessaa *Qindeessama Barmusa Wagga Jalqabaa fi Guddinaa Victoria (Victorian Early Years Learning and Development Framework (VEYLD))* jedhamuun gaggeessama. Qindeessamni kun 'eenyummamaa ijoollee fi waa'ee maatii isaanii akkasumas seenaa aadaa isaanii akka itti baratan qajeelchuu fi guddisuu barsiisotaaf hubannoo kenna. Yeroo ogeessotni eenyummamaa isaanii adda tahe kabajanii fi beekamtii kennaniif ijoolleen simatamuun itti dhagayama' (VEYLD, 2016, fuula. 12). Hubannoon akkasii kun yeroo mucaan kee akka haarayaatti Eegala Barmoota Ijoollummaa fi Tajaajila Kunuunsa eegalutti haala itti barsiisotni mucaa keetti dhihaatan fi gargaaran akka beekaniif, mucaa kees madaqsuu keessatti isaan gargaara.

Tajaajilli Barnootaa fi Kunuunsa ijoollee Jalqabaa walta'iinsa barsiisotaa fi maatii gidduutti akka bu'uura sagantaa qulqullina qabuutti ilaala. Jalqabarraa kaasee hariroon kabajaa agarsiiftuu cimaa tajaajila qulqullina olaanaa qabuudha. Barsiisonni ho'aa fi simanna gaarii akka ta'anii fi afaan maatii keessaniitti fayyadamuu akka jajjabeessan eeguu dandeessu.

Tajaajiloonni karaa tajaajila afaan turjubaana bilbilaatiin qunnamtii si waliin taasifamu deeggaruun odeeffannoo sirrii ta'e akka argattu fi carraa gaaffii gaafachuu fi afaan irra caalaa sitti mijateen odeeffannoo dabalataa barbaaduu akka argattu mirkaneessuu danda'a. IDabalaataan, hojjetaan deggersaa afaan maatii kee dubbatu yeroo gabaabaaf ijoollee keessan tajaajilicha keessatti walitti dhufeenyaa fi miira ofii ta'u waan horatuuf gargaaruuf argamu danda'a.

Qulqullina Barnoonni Ijoollee Jalqabaa maatii 'baruu fi guddina ijoollee irratti dhiibbaa jalqabaa' jechuun beekamtii kenna (VEYLD, 2016, fuula 9). Barsiisonni sagantaa waggoota jalqabaa keessatti galtee maatii fi hirmaanna isaanii if iddo guddaa kenuu fi barbaadu. Kunis shaakala barsiisotaa odeeffannoo kennuu qofa osoo hin taane ijoollee naannoo barnootaa fi kunuunsa isaanii fi naannoo manaa keessatti namoota gidduutti wal amantaa, tasgabbii fi walitti dhufeenyaa akka horatan gargaara kunis bu'aa barumsaa ni guddisa. Maatiinis tajaajila kana irratti akka hirmaatanifi yeroo walghaifi jalqabaatti akka argaman ni jajjabeeffamu. Kunis ijoolleen keessan nageenyi akka itti dhaga'amu kan gargaaru yoo ta'u, yeroo ijoolleen keessan isin malee achi jiru tajaajila sanatti maaltu akka ta'u hubachuuf isin gargaara.

Tajaajilli ijoollee jalqabaa keessan karoora qaabachiisa isinii fi ijoolleen keessan tajaajiloota akka wal bartan gargaaru ni qabaata. Kunis kan dabalu;

- osoo maqaa wamuun seera qabeessa hin jalqabin dura ijoollee keessan waliin tajaajilicha daawwachuu
- walghaifi gabaabaa irraa eegalee hanga walghaifi dheeraa ijaaruun isiniifi ijoolleen keessan akka miira mijataa tahe itti dhagahamu gargaaruu.

barsiisonni ijoolleen jalqabaa keenya yeroo isin waliin dabarsuudhaan waa'ee keessanii fi ijoollee keessanii gaaffii tokko tokko isin gaafatu. Kunis fedhii ijoollee keessanii irratti hubannoo gaarii akka qabaatan kan taasisu yoo ta'u sagantaa carraa barumsaa fi bu'aa gaarii ijoollee keessaniif akka guddisu akka uumuuf isaan gargaara.

Fakkeenyonni odeeffannoo tajaajilli ijoolleen jalqabaa akka isaaniif qooduuf isii gaafachuu kan danda'u;

- Odeeffannoo waa'ee fayyaa ijoollee – gal mee talaallii, fedhii yaalaa, dhukkuboota ykn alarjii.
- Filannoo jijiirraa hirriba gabaabaa, filannoo mana fincaanii fi shaakala manaa.
- Nyaata ijoolleen nyaatan, sirna/akkaataa yeroo nyaataa.
- Boqonnaa/yeroo hirribaa ijoolleef barbaachisu.
  - Bakka ofii isaanii, sreee isaanii ykn nama kan biroo waliin rafuu?
  - Faarfannoowwan akkamii jaallatu?
  - Kitaaba, waan itti tabatan ykn birlbsii jaallatuu?
  - Guyyaa yeroo akkamii boqotu/rafu?
- Ayyana fi duudhaa maaltu maatii keessaniif barbaachisaa dha?
- Barsiisonni odeeffannoo biroo isin isaaniif qooduuf barbaaddan sirnan ni simatu.
- Akkasumas waa'ee ijoollee keessanii odeeffannoo Barsiisonni akka beekan barbaaddan kan ijoollee keessan waliin akka bobba'an isaan gargaaru ni qabaattu.

### **Filannoon biroo ijolleen keessan tajaajila ijoollummaa jalqabaa isaanii keessa yeroo qubatan deggeruu dandeessan**

- Bakka tajaajila irratti ijoollee keessan waliin yeroo dabarsuu – adeemsa tajaajilichaa ijoollee keessaniif ibsa, taphadhaa, seenaa dubbisaa fi sirboota afaan keessaniin sirba.
- Ijolleen biroo wajjin akka wal qunnaman isaan deeggara. Kunis namoota biroo cina akka taa'an jajjabeessuun, ijolleen biroo wajjin of beeksisuudhaan, sochiiwwanii fi taphoota irratti hirmaachuu qofa ta'uu danda'a.
- Ijolleen keessanii fi namoota afaan tokko dubbatan kaan wajjin haasa'uuf yeroo dabarsa.
- Ijolleen keessan waliin waa'ee waan isaan mudachaa jiruu fi itti dhaga'amu haasa'aa: isaan tasgabeeessaa fi jajjabeessaa.
- Ijolleen keessan barsiisonni isaanii eenu akka ta'an, maqaa isaanii fi gargaarsa yoo barbaade gara isaanii deemuu akka danda'u akka beeku mirkaneessaa. Maqaa barsiisaa isaanii isii waliin dubbachuu fi gargaarsa gaafachuun gahee taphachuu akka shaakalan carraa isaaniif kenna.
- Yeroo hunda osoo hin deemin dura nagaa dhaama, booda akka deebitan ijolleen keessaniif mirkaneessa. Ijolleen keessan osoo hin deemin dura barsiisaa fi/ykn ijolleen biroo wajjin sochii tokko irratti akka bobba'an gargaaruudhaan akka tasgabba'an gochuun gaariidha.
- Gaaffii kamiyyuu akka gaafataniifi yaaddoo isaan mudachuu danda'aniif deebii akka kennitaniif carraa akka argataniif galgala/ganama sana osoo hin argamin dura hojji idilee fi naannoo tajaajilichaa irratti mari'adhaa.
- Barsiisonni fi dhiyeessaan barumsa ijolleen keessanii yeroo tajaajila kana keessa jirtan isniifi ijolleen keessan deeggaruuf akka jiran yaadadhaa.

---

#### **Wabiwwan**

Damee Barmootaa fi Leenjii, 2016. *Qindeessama Eegala Barmoota Jalqaaa fi Guddinaa Victoria.*